**QAJEELCHA BARSIISAA BARNOOTA AFAAN OROMOO KUTAA 1**

**Dursaa gareefi Gorsaa: Alamuu Hayiluu**

**Too'ataa Qulqullinaa: Abarraa Kaasayee**

**Qopheessitootni:**

Baayisaa Tafarii

Darajjee Gammadaa

Fiqaaduu Qana'aa

Iftiyoom Waaqgaarii

Muhaammad Abdoo

Tamaam Kadiir

**Gulaalliifi Seeccoo:**

Dajanee Galataa

Fedhasaa Taaddasaa

**©Biiroo Barnootaa Oromiyaa, 2011/18**

**Kitaaba kana Biiroo Barnootaa Oromiyaatu bara 2011/18 qopheessuun maxxansiise.**

**Mirgi abbeentaa kitaaba kanaa seeraan eeggamaadha. Hayyama Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin ala guutummaanis ta'e gamisaan maxxansuus ta'e baay'isanii raabsuun seeraan nama gaafachiisa.**

**ISBN: ______________**

## Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

Barannoo 1 Sararoota Bu'uuraa ... 1
Barannoo 2 Qubeewwan A, B, C, D ... 5
Barannoo 3 Qubeewwan E, F, G, H ... 10
Barannoo 4 Irra Deebii Qubeewwan A-H (Waytii 6) ... 15
Barannoo 5 Qubeewwan I, J, K, L ... 17
Barannoo 6 Irra Deebii Qubeewwan A-L (Waytii 7) ... 22
Barannoo 7 Qubeewwan M, N, O, P ... 24
Barannoo 8 Irra Deebii Qubeewwan A-P (Waytii 8) ... 29
Barannoo 9 Qubeewwan Q, R, S, T ... 31
Barannoo 10 Irra Deebii Qubeewwan A-T (Waytii 10) ... 36
Barannoo 11 Qubeewwan U, V, W, X, Y, Z ... 38
Barannoo 12 Irra Deebii Qubeewwan A-Z (Waytii 10) ... 44
Barannoo 13 Qubeewwan Ch, Dh, Ny, Ph, Sh, Ts, Zy ... 46
Barannoo 14 Jechoota Dubbisuu ... 49
Barannoo 15 Meeshaalee Mana Barnootaa ... 52
Barannoo 16 Beelladota Manaa ... 55
Barannoo 17 Himoota Gaggabaaboo Dubbisuu ... 58
Barannoo 18 Fakkiifi Maqaa ... 60
Barannoo 19 Himoota Barreessuu ... 61
Barannoo 20 Keeyyata Dubbisuu ... 62

**Barannoo 1 Sararoota Bu'uuraa (Waytii 5)**

**Kaayyoo Gooree:**

**Barnoota barannoo kanaa keessatti barattoonni:**

- 🕮 Harka hiikkatu;
- 🕮 Sararoota bu'uuraa nibocu.

**Gilgaala 1 Akkaataa Qubeessaa**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni akkaataa qubeessaa itti qabatan shaakalu**

**Gahee Barsiisaa**

- 🕮 Fakkii qabannaa qubeessaa kitaaba barataa irratti kenname barattootni akka ilaalan taasisuu
- 🕮 Fakkii kenname erga ilaalaniin booda barattootni akkasitti akka qabatan itti agarsiisuun shaakalsiisuu

**Gilgaala 2 Sarara gadee bocuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni sarara gadee bocuu nishaakalu**

**Gahee Barsiisaa**

- 🕮 Sarara gadee kitaaba barataa irratti kenname akka ilaalan taasisuu
- 🕮 Sarara gadee gabatee gurraacha irratti irraa gadi sararuun agarsiisuu
- 🕮 Kan kitaaba barataa irratti tuttuqaan kenname fakkeenya fudhachuun dabtara barattootaa irratti kaa'uufii
- 🕮 Isa dabtara barataa irra kaa'ame sana walqabsiisanii akka sarara gadee uuman taasisuu

**Gilgaala 3 Sarara dalgee bocuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni sarara dalgee bocuu nishaakalu**

**Gahee Barsiisaa**

- 🕮 Sarara dalgee kitaaba barataa irratti kenname akka ilaalan taasisuu
- 🕮 Sarara dalgee gabatee gurraacha irratti bitaarraa gara mirgaatti sararuun agarsiisuu
- 🕮 Kan kitaaba barataa irratti tuttuqaan kenname fakkeenya fudhachuun dabtara barattootaa irratti kaa'uufii
- 🕮 Isa dabtara barataa irra kaa'ame sana walqabsiisanii akka sarara dalgee uuman taasisuu

**Gilgaala 4 Sarara shaffaaxa bitaa bocuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni sarara shaffaaxa bitaa bocuu nishaakalu**

**Gahee Barsiisaa**

- 🕮 Sarara shaffaaxa bitaa kitaaba barataa irratti kenname akka ilaalan taasisuu
- 🕮 Sarara shaffaaxa bitaa gabatee gurraacha irratti mirgarraa gara bitaatti shaffaaxa sararuun agarsiisuu
- 🕮 Kan kitaaba barataa irratti tuqaa sadi sadiin kenname fakkeenya fudhachuun dabtara barattootaa irratti kaa'uufii
- 🕮 Isa dabtara barataa irra kaa'ame sana walqabsiisanii akka sarara shaffaaxa bitaa uuman taasisuu

**Gilgaala 5 Sarara shaffaaxa mirgaa bocuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni sarara shaffaaxa mirgaa bocuu nishaakalu**

**Gahee Barsiisaa**

- Sarara shaffaaxa mirgaa kitaaba barataa irratti kenname akka ilaalan taasisuu
- Sarara shaffaaxa mirgaa gabatee gurraacha irratti bitaarraa gara mirgaatti shaffaaxa sararuun agarsiisuu
- Kan kitaaba barataa irratti tuqaa sadi sadiin kenname fakkeenya fudhachuun dabtara barattootaa irratti kaa'uufii
- Isa dabtara barataa irra kaa'ame sana walqabsiisanii akka sarara shaffaaxa mirgaa uuman taasisuu

**Gilgaala 6 Sarara golboo mirgaa bocuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni sarara golboo mirgaa bocuu nishaakalu**

**Gahee Barsiisaa**

- Sarara golboo mirgaa kitaaba barataa irratti kenname akka ilaalan taasisuu
- Sarara golboo mirgaa gabatee gurraacha irratti bitaarraa gara mirgaatti golbatee barreeffame barreessuun agarsiisuu
- Kan kitaaba barataa irratti tuqaa sadi sadiin kenname fakkeenya fudhachuun dabtara barattootaa irratti kaa'uufii
- Dabtara barataa irra kan kaa'ame sana walqabsiisanii akka sarara golboo mirgaa uuman taasisuu

**Gilgaala 7 Sarara golboo bitaa bocuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni sarara golboo bitaa bocuu nishaakalu**

**Gahee Barsiisaa**

- Sarara golboo bitaa kitaaba barataa irratti kenname akka ilaalan taasisuu
- Sarara golboo bitaa gabatee gurraacha irratti mirgarraa gara bitaatti golbatee barreeffame barreessuun agarsiisuu
- Kan kitaaba barataa irratti tuqaa sadi sadiin kenname fakkeenya fudhachuun dabtara barattootaa irratti kaa'uufii
- Isa dabtara barataa irra kaa'ame sana walqabsiisanii akka sarara golboo bitaa uuman taasisuu

**Barannoo 2 Qubeewwan A, B, C, D (Waytii 10)**

**Kaayyoo Gooree:**

**Barnoota barannoo kanaa keessatti barattoonni:**

- 🕮 Qubeewwan Afaan Oromoo gurguddaa A, B, C, D adda nibaafatu;
- 🕮 Qubeewwan Afaan Oromoo xixiqqaa a, b, c, d adda nibaafatu;
- 🕮 Qubeewwan Afaan Oromoo gurguddaafi xixiqqaa A, a, B, b, C, c, D, d nitartiibessu.

**Gilgaala 1 Qubeewwan gurguddaa addaan baasuuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni qubeewwan gurguddaa A-D adda nibaasu**

**Gahee Barsiisaa**

- 🕮 Dura qubeewwan A-D tartiibaan gabatee gurraacha irratti barreessuu
- 🕮 Tokkoon tokkoo qubeewwan A-D erga barreessiteen booda wantoota naannoo isaaniitti argaman keessaa maal akka fakkaatan barattoota gaafachuu.

  Fakkeenyaaf:

  - ✓ A mana citaa fakkaachuu,
  - ✓ B naaduraa/manaatsirii fakkaachuu
  - ✓ C ji'a fakkaachuu
  - ✓ D daajoo ykn muka masiinqoo itti taphatan fakkaachuu walbira qabuun itti himuun akka adda baafatan taasisuu
- 🕮 Maqaa qubeewwan A-D itti himuu
- 🕮 Maqaa qubeewwan A-D tokko tokkoon gabatee gurraacha irraa barattoota gaafachuufi deeggaruu


📖 Kanatti aansuun, filaash kaardii qubeewwan A-D qaban tokko tokkoon itti agarsiisuun adda baafachuu isaanii mirkaneeffachuu

**Gilgaala 2 Qubeewwan gurguddaa A, B, C, D bocuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni qubeewwan gurguddaa A-D nibocu**

**Gahee Barsiisaa**

- 📖 Qubeewwan A-D kitaaba barataarra jiruufi lakkoofsa akkaataa ittiin barreessan agarsiisuuf qubeerratti xiyyaan mul'atu agarsiisuu
- 📖 Sararoota tuttuqaa kennaman irra deebisuun qubeewwan gurguddaa bocuu shaakalsiisuu: Fakkeenya:




- 📖 Qubeen 'A' sarara shaffaaxaa bitaan jalqabamee (lakkoofsa 1), sarara shaffaaxaa mirgaan (lakkoofsa 2) erga walqabsiisameen booda, sarara dalgeen (lakoofsa 3) walakkaa irratti walqabsiisamuu isaa gabatee gurraacha irratti bocuun agarsiisuu

**Gilgaala 3 Qubeewwan xixiqqaa a, b, c, d addaan baasuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni qubeewwan xixiqqaa a-d adda nibaafatu**

**Gahee Barsiisaa**

- Dura qubeewwan a, b, c, d tartiibaan gabatee gurraacha irratti barreessuu
- Tokko tokkoon qubeewwan a-d erga barreessiteen booda wantoota naannoo isaaniitti argaman keessaa maal akka fakkaatu barattoota gaafachuu.

  Fakkeenyaaf:

  - ✓ qubee c xiqqaan ji'a fakkaachuu
- Maqaa qubeewwan xixiqqaa a-d itti himuu
- Maqaa qubeewwan xixiqqaa a-d tokko tokkoon gabatee gurraacha irraa barattoota gaafachuufi deeggaruu
- Kanatti aansuun, filaash kaardii qubeewwan xixiqqaa a-d qaban tokko tokkoon itti agarsiisuun adda baafachuu isaanii mirkaneeffachuu

**Gilgaala 4 Qubeewwan xixiqqaa a, b, c, d bocuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni qubeewwan xixiqqaa a-d nibocu**

**Gahee Barsiisaa**

- Qubeewwan a-d kitaaba barataarra jiruufi lakkoofsa akkaataa ittiin qubee sana bocan mul'isuuf xiyyaan mul'atu agarsiisuu
- Sararoota tuttuqaa kennaman irra deebisuun qubeewwan xixiqqaa a-d bocuu shaakalsiisuu:

- 🕮 Fakkeenyaaf: Qubeen 'a' sarara golboo bitaan jalqabamee (lakkoofsa 1), sarara gadeen (lakkoofsa 2) cufamuu isaa gabatee gurraacha irratti agarsiisuufi shaakalsiisuu
- 🕮 Barattoonni qubeewwan xixiqqaa a-d addaan baafachuufi bocuu danda'uu isaanii ilaaluun deeggarsa barbaachisaa kennuu

**Gilgaala 5 Qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa A, a-D, d firoomsuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa A, a-D, d addaan nibaasu**

**Gahee Barsiisaa**

- 🕮 Qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa dabtara barattootaa irratti kennuun fakkeenya kenname bu'uura godhachuun walitti firoomsuu shaakalsiisuu

**Gilgaala 6 Qubeewwan tartiibessuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni maqaa qubeewwan gurguddaa A-D nitartiibessu**

**Gahee Barsiisaa**

- 🕮 Qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa A, a- D, d jiran tartiibni isaanii walmakee jiru dabtara barattootaa irratti dhuunfaa dhuunfaan/kopha kophaan kennuun tartiibessuu shaakalsiisuu

**Gilgaala 7 Qubee maqaan fakkii ittiin jalqabamu jechaa keessatti dubbisuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni jechoota qubeewwan a-d eegalan adda nibaasu**

**Gahee Barsiisaa**

- 🕮 Barattoonni fakkiilee kitaaba barataa irratti kennaman akka ilaalan taasisuu
- 🕮 Jechoota kitaaba barataa irratti fakkiilee jalatti kennaman akka ilaalan taasisuu
- 🕮 Jechi fakkii jala jiru qubee maaliin akka eegale akka adda baafatan taasisuu

**Gilgaala 8 Jecha irra deddeebi'uun barreessuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni jechoota qubeewwan a-d eegalan irra deddeebi'uun barreessuu shaakaluu**

**Gahee Barsiisaa**

- 🕮 Jechoota kitaaba barataa irratti kennaman filaash kaardii fayyadamuun barattootatti agarsiisuu
- 🕮 Jechoota filaash kaardiin dhihaatan itti agarsiisuun qubee isaan ittiin eegalan akka adda baafatan mirkaneeffachuu
- 🕮 Jechoota qubee a, b, c, d eegalan kitaaba ofii irraa ilaallataa dabtara isaanii irratti si'a sadii sadii irra deddeebi'anii akka shaakalan taasisuu

☞ Barattoonni qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa A, a, B, b, C, c, D, d addaan baafachuufi bocuu danda'uu isaanii madaaluun mirkaneeffachuu

**Barannoo 3 Qubeewwan E, F, G, H (Waytii 10)**

**Kaayyoo Gooree**

**Barnoota barannoo kanaa keessatti barattoonni:**

- Qubeewwan Afaan Oromoo gurguddaa E, F, G, H adda nibaafatu;
- Qubeewwan Afaan Oromoo xixiqqaa e, f, g, h adda nibaafatu;
- Qubeewwan Afaan Oromoo gurguddaafi xixiqqaa E, e, F, f, G, g, H, h nitartiibessu.

**Gilgaala 1 Qubeewwan gurguddaa E-H addaan baasuuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni qubeewwan E-H adda nibaasu**

**Gahee Barsiisaa**


- 🕮 Dura qubeewwan E-H tartiibaan gabatee gurraacha irratti barreessuu
- 🕮 Qubeewwan E-H tokko tokkoon erga barreessiteen booda wantoota naannoo isaaniitti argaman keessaa maal akka fakkaatu barattoota gaafachuu. Fakkeenya:
  - ✓ H'n kortoo/hirkisa fakkaachuu
- 🕮 Maqaa qubeewwan E-H itti himuu
- 🕮 Maqaa qubeewwan E-H tokko tokkoon gabatee gurraacha irraa barattoota gaafachuufi deeggaruu
- 🕮 Kanatti aansuun, filaash kaardii qubeewwan E-H qaban tokko tokkoon itti agarsiisuun adda baafachuu isaanii mirkaneeffachuu

**Gilgaala 2 Qubeewwan gurguddaa E, F, G, H bocuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni qubeewwan gurguddaa E-H nibocu**

**Gahee Barsiisaa**

- Qubeewwan E-H kitaaba barataarra jiruufi lakkoofsa akkaataa ittiin barreessan agarsiisuuf qubeerratti xiyyaan mul'atu agarsiisuu
- Sararoota tuttuqaa kennaman irra deebisuun qubeewwan gurguddaa E-H bocuu shaakalsiisuu: Fakkeenyaaf,




- Qubeen 'E' sarara gadeen jalqabamee (lakkoofsa 1), sarara dalgeen gubbaatti (lakkoofsa 2) erga walqabsiisameen booda, sarara dalgeen gidduuttiifi (lakoofsa 3) sarara dalgeen jalatti walqabsiisamuu isaa gabatee gurraacha irratti barreessuun agarsiisuu

**Gilgaala 3 Qubeewwan xixiqqaa e, f, g, h addaan baasuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni qubeewwan xixiqqaa e-h adda nibaafatu**

**Gahee Barsiisaa**

- Dura qubeewwan e, f, g, h tartiibaan gabatee gurraacha irratti barreessuu
- Tokko tokkoon qubeewwan e-h erga barreessiteen booda wantoota naannoo isaaniitti argaman keessaa maal akka fakkaatu barattoota gaafachuu.
- Maqaa qubeewwan xixiqqaa e-h itti himuu
- Maqaa qubeewwan xixiqqaa e-h tokko tokkoon gabatee gurraacha irraa barattoota gaafachuufi deeggaruu


🕮 Kanatti aansuun, filaash kaardii qubeewwan xixiqqaa e-h qaban tokko tokkoon itti agarsiisuun adda baafachuu isaanii mirkaneeffachuu

**Gilgaala 4 Qubeewwan xixiqqaa e, f, g, h bocuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni qubeewwan xixiqqaa e-h nibocu**

**Gahee Barsiisaa**

- 🕮 Qubeewwan e-h kitaaba barataarra jiruufi lakkoofsa akkaataa ittiin barreessan agarsiisuuf qubeerratti xiyyaan mul'atu agarsiisuu
- 🕮 Sararoota tuttuqaa kennaman irra deebisuun qubeewwan xixiqqaa e-h bocuu shaakalsiisuu:
- 🕮 Fakkeenyaaf:




- 🕮 Qubeen 'a' sarara golboo bitaan jalqabamee (lakkoofsa 1), sarara gadeen (lakkoofsa 2) cufamuu isaa gabatee gurraacha irratti agarsiisuufi shaakalsiisuu
- 🕮 Barattoonni qubeewwan xixiqqaa e-h addaan baafachuufi bocuu danda'uu isaanii ilaaluun deeggarsa barbaachisaa kennuu

**Gilgaala 5 Qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa E, e-H, h firoomsuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa E, e-H, h addaan nibaasu**

**Gahee Barsiisaa**

- Qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa E, e- H, h dabtara barattootaa irratti kennuudhaan fakkeenya kenname bu'uura godhachuun walitti akka firoomsan shaakalsiisuu

**Gilgaala 6 Qubeewwan tartiibessuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa E, e-H,h nitartiibessu**

**Gahee Barsiisaa**

- Qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa E, e- H, h tartiibni isaanii walmakee jiru dabtara barattootaa irratti adda addatti kennuudhaan tartiibessuu shaakalsiisuu

**Gilgaala 7 Qubee maqaan fakkii ittiin jalqabamu jechaa keessatti dubbisuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni jechoota qubeewwan e-h eegalan adda nibaasu**

**Gahee Barsiisaa**

- Jechoota kitaaba barataa irratti fakkiilee jalatti kennaman akka ilaalan taasisuu
- Jechi fakkii jala jiru qubee maaliin akka eegale akka adda baafatan taasisuu

- 🕮 Filaash kaardii jechoota qubeewwan e-h eegalan itti agarsiisuun qubeewwan ilaalaa akka adda baasan shaakalsiisuu.

**Gilgaala 8 Jecha irra deddeebi'uun barreessuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni jechoota qubeewwan e-h eegalan irra deddeebi'uun nibarreessu**

**Gahee Barsiisaa**

- 🕮 Jechoota kitaaba barataa irratti kennaman filaash kaardii fayyadamuun barattootatti agarsiisuu
- 🕮 Jechoota filaash kaardiin dhihaatan itti agarsiisuun qubee isaan ittiin eegalan akka adda baafatan mirkaneeffachuu
- 🕮 Jechoota qubee e, f, g, h eegalan kitaaba ofii irraa ilaallataa dabtara isaanii irratti si'a sadi sadii irra deddeebi'anii akka barreessuu shaakalan taasisuu

☞ Barattoonni qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa E, e, F, f, G, g, H, h addaan baafachuufi bocuu danda'uu isaanii madaaluun mirkaneeffachuu

**Barannoo 4 Irra Deebii Qubeewwan A-H (Waytii 6)**

**Kaayyoo Gooree:**

**Barnoota barannoo kanaa keessatti barattoonni:**

- 🕮 Qubeewwaan Afaan Oromoo gurguddaa A-H adda nibaafatu;
- 🕮 Qubeewwaan Afaan Oromoo xixiqqaa a-h adda nibaafatu;
- 🕮 Jechoota qubeewwan a-h eegalan fakkiitti nifiroomsuu;
- 🕮 Jechoota qubeewwan a-h eegalan irra deddeebi'uun nibarreessu

**Gilgaala 1 Qubeewwan walitti firoomsuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni maqaa qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa A, a-H, h addaan nibaasu**

**Gahee Barsiisaa**

- 🕮 Qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa a-h dabtara barattootaa irratti kennuudhaan fakkeenya kenname bu'uura godhachuun walitti firoomsuu shaakalsiisuu

**Gilgaala 2 Qubeewwan tartiibessuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni maqaa qubeewwan gurguddaa A-H nitartiibessu**

**Gahee Barsiisaa**

- 🕮 Qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa a-h tartiibni isaanii walmakee jiru dabtara barattootaa irratti adda addatti kennuudhaan tartiibessuu shaakalsiisuu

**Gilgaala 3 Qubee maqaan fakkii ittiin jalqabamu jechaa keessatti dubbisuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni jechoota qubeewwan a-h eegalan adda nibaasu**

**Gahee Barsiisaa**

- Barattoonni fakkiilee kitaaba barataa irratti kennaman akka ilaalan taasisuu
- Jechoota kitaaba barataa irratti fakkiilee jalatti kennaman akka ilaalan taasisuu
- Jechi fakkii jala jiru qubee maaliin akka eegale akka adda baafatan taasisuu

**Gilgaala 4 Jecha irra deddeebi'uun barreessuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni jechoota qubeewwan a-h eegalan irra deddeebi'anii barreessuu shaakaluu**

**Gahee Barsiisaa**

- Jechoota kitaaba barataa irratti kennaman filaash kaardii fayyadamuun barattootatti agarsiisuu
- Jechoota filaash kaardiin dhihaatan barattoonni qubee ittiin eegalan irratti hundaa'uun adda baafachuu isaanii mirkaneeffachuu
- Jechoota qubee a, b, c, d, e, f, g, h eegalan kitaaba ofii irraa ilaallataa dabtara isaanii irratti garagalfatanii bakka duwwaa kenname irratti si'a sadii sadii irra deddeebi'anii akka shaakalan taasisuu

☞ Barattoonni qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa A, a, B, b, C, c, D, d, E, e, F, f, G, g, H, h addaan baafachuufi bocuu danda'uu isaanii madaaluun mirkaneeffachuu

**Barannoo 5 Qubeewwan I, J, K, L (Waytii 10)**

**Kaayyoo Gooree:**

**Barnoota barannoo kanaa keessatti barattoonni:**

- Qubeewwan Afaan Oromoo gurguddaa I, J, K, L adda nibaafatu;
- Qubeewwan Afaan Oromoo xixiqqaa i, j, k, l adda nibaafatu;
- Qubeewwan Afaan Oromoo gurguddaafi xixiqqaa I, i, J, j, K, k, L, l nitartiibessu.

**Gilgaala 1 Qubeewwan gurguddaa I-L addaan baasuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni maqaa qubeewwan gurguddaa I-L adda nibaasu**

**Gahee Barsiisaa**

- Dura qubeewwan I-L tartiibaan gabatee gurraacha irratti barreessuu
- Tokkoon tokkoo qubeewwan I-L erga barreessiteen booda wantoota naannoo isaaniitti argaman keessaa maal akka fakkaatu barattoota gaafachuu yookaan ofii mallattoo adda addaa agarsiisuun akka qubee adda baafatan gochuu
- Maqaa qubeewwan I-L itti himuu
- Maqaa qubeewwan I-L tokko tokkoon gabatee gurraacha irraa barattoota gaafachuufi deeggaruu
- Kanatti aansuun, filaash kaardii qubeewwan I-L qaban tokko tokkoon itti agarsiisuun adda baafachuu isaanii mirkaneeffachuu


**Gilgaala 2 Qubeewwan gurguddaa I, J, K, L bocuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni qubeewwan gurguddaa I-L nibocu**

**Gahee Barsiisaa**

- Qubeewwan I-L kitaaba barataarra jiruufi lakkoofsa akkaataa ittiin barreessan agarsiisuufi qubee irratti xiyyaan mul'atu agarsiisuu
- Sararoota tuttuqaa kennaman irra deebisuun qubeewwan Afaan Oromoo gurguddaa bocuu shaakalsiisuu

Fakkeenya:




- Qubeen 'L' sarara gadeen jalqabamee (lakkoofsa 1), sarara dalgeen jalatti (lakkoofsa 2) walqabsiisamuu isaa gabatee gurraacha irratti barreessuun agarsiisuu

**Gilgaala 3 Qubeewwan xixiqqaa i, j, k, l addaan baasuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni maqaa qubeewwan xixiqqaa i-l adda nibaasu**

**Gahee Barsiisaa**

- Dura qubeewwan i, j, k, l tartiibaan gabatee gurraacha irratti barreessuu
- Tokko tokkoon qubeewwan i-l erga barreessiteen booda wantoota naannoo isaaniitti argaman keessaa maal akka fakkaatu barattoota gaafachuu.
- Maqaa qubeewwan xixiqqaa i-l itti himuu
- Maqaa qubeewwan xixiqqaa i-l tokko tokkoon gabatee gurraacha irraa barattoota gaafachuufi deeggaruu

- 🕮 Kanatti aansuun, filaash kaardii qubeewwan xixiqqaa i-l qaban tokko tokkoon itti agarsiisuun adda baafachuu isaanii mirkaneeffachuu

**Gilgaala 4 Qubeewwan xixiqqaa i, j, k, l bocuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni maqaa qubeewwan xixiqqaa i-l nibocu**

**Gahee Barsiisaa**

- 🕮 Qubeewwan i-l kitaaba barataarra jiruufi lakkoofsa akkaataa ittiin barreessan agarsiisuufi qubee irratti xiyyaan mul'atu agarsiisuu
- 🕮 Sararoota tuttuqaa kennaman irra deebisuun qubeewwan xixiqqaa i-l bocuu shaakalsiisuu:

**Fakkeenya:**

Qubeen 'l' sarara gadee tokko irraa akka bocamu gabatee gurraacha irratti agarsiisuufi shaakalsiisuu

- 🕮 Barattoonni qubeewwan xixiqqaa i-l addaan baafachuufi bocuu danda'uu isaanii ilaaluun deeggarsa barbaachisaa kennuu

**Gilgaala 5 Qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa firoomsuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa I, i-L, l addaan nibaasu**

**Gahee Barsiisaa**

- 🕮 Qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa dabtara barattootaa irratti kennuudhaan fakkeenya kenname bu'uura godhachuun walitti firoomsuu shaakalsiisuu

**Gilgaala 6 Qubeewwan tartiibessuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa I, i-L, l nitartiibessu**

**Gahee Barsiisaa**

- 🕮 Qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa tartiibni isaanii walmakee jiru dabtara barattootaa irratti adda addatti kennuudhaan tartiibessuu shaakalsiisuu

**Gilgaala 7 Qubee maqaan fakkii ittiin jalqabamu jechaa keessatti dubbisuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni jechoota qubeewwan i-l eegalan adda nibaasu**

**Gahee Barsiisaa**

- 🕮 Jechoota kitaaba barataa irratti fakkiilee jalatti kennaman akka ilaalan taasisuu
- 🕮 Jechi fakkii jala jiru qubee maaliin akka eegale akka adda baafatan taasisuu

**Gilgaala 8 Jecha irra deddeebi'uun barreessuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni jechoota qubeewwan i-l eegalan irra deddeebi'anii nibarreessu**

**Gahee Barsiisaa**

- Jechoota kitaaba baratāa irratti kennaman filaash kaardii fayyadamuun barattootatti agarsiisuu
- Jechoota filaash kaardiin dhihaatan itti agarsiisuun qubee isaan ittiin eegalan akka adda baafatan mirkaneeffachuu
- Jechoota qubee i, j, k, l eegalan kitaaba ofii irraa ilaallataa dabtara isaanii irratti garagalfatanii bakka duwwaa kenname irratti si'a sadii sadii irra deddeebi'anii akka shaakalan taasisuu

☞ Barattoonni qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa I, i, J, j, K, k, L, l addaan baafachuufi bocuu danda'uu isaanii madaaluun mirkaneeffachuu

**Barannoo 6 Irra Deebii Qubeewwan A-L (Waytii 6)**

**Kaayyoo Gooree:**

**Barnoota barannoo kanaa keessatti barattoonni:**

- 🕮 Qubeewwaan Afaan Oromoo gurguddaa A-L adda nibaafatu;
- 🕮 Qubeewwaan Afaan Oromoo xixiqqaa a-l adda nibaafatu;
- 🕮 Jechoota qubeewwan a-l eegalan fakkiitti nifiroomsuu;
- 🕮 Jechoota qubeewwan a-l eegalan irra deddeebi'uun nibarreessu

**Gilgaala 1 Qubeewwan walitti firoomsuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni maqaa qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa A, a-L, l addaan nibaasu**

**Gahee Barsiisaa**

- 🕮 Qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa a-l dabtara barattootaa irratti kennuudhaan fakkeenya kenname bu'uura godhachuun walitti firoomsuu shaakalsiisuu

**Gilgaala 2 Qubeewwan tartiibessuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni maqaa qubeewwan xixiqqaa a-l nitartiibessu**

**Gahee Barsiisaa**

- 🕮 Qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa a-l tartiibni isaanii walmakee jiru dabtara barattootaa irratti adda addatti kennuudhaan tartiibessuu shaakalsiisuu

**Gilgaala 3 Qubee maqaan fakkii ittiin jalqabamu jechaa keessatti dubbisuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni jechoota qubeewwan a-l eegalan adda nibaasu**

**Gahee Barsiisaa**

- Barattoonni fakkiilee kitaaba barataa irratti kennaman akka ilaalan taasisuu
- Jechoota kitaaba barataa irratti fakkiilee jalatti kennaman akka ilaalan taasisuu
- Jechi fakkii jala jiru qubee maaliin akka eegale akka adda baafatan taasisuu

**Gilgaala 4 Jecha irra deddeebi'ii barreessuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni jechoota qubeewwan a-l eegalan irra deddeebi'anii ni barreessu**

**Gahee Barsiisaa**

- Jechoota kitaaba barataa irratti kennaman filaash kaardii fayyadamuun barattootatti agarsiisuu
- Jechoota filaash kaardiin dhihaatan barattoonni qubee ittiin eegalan irratti hundaa'uun adda baafachuu isaanii mirkaneeffachuu
- Jechoota qubee a, b, c, d, e, f, g, h, i, j, k, l eegalan kitaaba ofii irraa ilaallataa dabtara isaanii irratti garagalfatanii bakka duwwaa kenname irratti si'a sadii sadii irra deddeebi'anii akka shaakalan taasisuu

☞ Barattoonni qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa A, a, B, b, C, c, D, d, E, e, F, f, G, g, H, h, I, i, J, j, K, k, L, l addaan baafachuufi bocuu danda'uu isaanii madaaluun mirkaneeffachuu

**Barannoo 7 Qubeewwan M, N, O, P (Waytii 10)**

**Kaayyoo Gooree:**

**Barnoota barannoo kanaa keessatti barattoonni:**

- Qubeewwan Afaan Oromoo gurguddaa M, N, O, P adda nibaafatu;
- Qubeewwan Afaan Oromoo xixiqqaa m, n, o, p adda nibaafatu;
- Qubeewwan Afaan Oromoo M, m, N, n, O, o, P, p nitartiibessu.


**Gilgaala 1 Qubeewwan gurguddaa addaan baasuuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni maqaa qubeewwan gurguddaa M-P adda nibaasu**

**Gahee Barsiisaa**

- Dura qubeewwan M-P tartiibaan gabatee gurraacha irratti barreessuu
- Tokkoon tokkoo qubeewwan M-P erga barreessiteen booda wantoota naannoo isaaniitti argaman keessaa maal akka fakkaatu barattoota gaafachuu

  Fakkeenya:

  ✓ O hanqaaquu ykn kubbaa fakkaachuufi kkf

- Maqaa qubeewwan M-P itti himuu
- Maqaa qubeewwan M-P tokko tokkoon gabatee gurraacha irraa barattoota gaafachuufi deeggaruu
- Kanatti aansuun, filaash kaardii qubeewwan M-P qaban tokko tokkoon itti agarsiisuun adda baafachuu isaanii mirkaneeffachuu

**Gilgaala 2 Qubeewwan gurguddaa M, N, O, P bocuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni qubeewwan gurguddaa M-P nibocu**

**Gahee Barsiisaa**

- Qubeewwan M-P kitaaba barataarra jiruufi lakkoofsa akkaataa ittiin barreessan agarsiisuufi qubee irratti xiyyaan mul'atu agarsiisuu
- Sararoota tuttuqaa kennaman irra deebisuun qubeewwan gurguddaa bocuu shaakalsiisuu:

Fakkeenya:

- Qubeen M sarara gadeetiin jalqabamee (lakkoofsa 1), sarara shaffaaxa mirgaa dabaluun (lakkoofsa 2), sarara shaffaaxa bitaa dabaluun (lakkoofsa 3), ammas sarara gadee gadi buusuun (lakkoofsa 4) walqabsiifamuu isaa gabatee gurraacha irratti barreessuun agarsiisuu

**Gilgaala 3 Qubeewwan xixiqqaa m, n, o, p addaan baasuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni maqaa qubeewwan xixiqqaa m-p adda nibaasu**

**Gahee Barsiisaa**

- Dura qubeewwan m, n, o, p tartiibaan gabatee gurraacha irratti barreessuu
- Tokko tokkoon qubeewwan m-p erga barreessiteen booda wantoota naannoo isaaniitti argaman keessaa maal akka fakkaatu barattoota gaafachuu Fakkeenya:
  - ✓ Qubeen 'o' hanqaaquu ykn kubbaa fakkaachuu
- Maqaa qubeewwan xixiqqaa m-p itti himuu
- Maqaa qubeewwan xixiqqaa m-p tokko tokkoon gabatee gurraacha irraa barattoota gaafachuufi deeggaruu


📖 Kanatti aansuun, filaash kaardii qubeewwan xixiqqaa m-p qaban tokko tokkoon itti agarsiisuun adda baafachuu isaanii mirkaneeffachuu

**Gilgaala 4 Qubeewwan xixiqqaa m, n, o, p bocuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni qubeewwan xixiqqaa m-p nibocu**

**Gahee Barsiisaa**

- 📖 Qubeewwan m-p kitaaba barataarra jiruufi lakkoofsa akkaataa ittiin barreessan agarsiisuuf qubeerratti xiyyaan mul'atu agarsiisuu
- 📖 Sararoota tuttuqaa kennaman irra deebisuun qubeewwan xixiqqaa m-p bocuu shaakalsiisuu:

Fakkeenya: 


Qubeen m sarara gadee jalqabamee (lakkoofsa 1), mataarraan gara mirgaatti maruun (lakkofsa 2), sarara gadee gadi buusuun (lakkoofsa 3), ammas gubbaan gara mirgaatti harkisuun (lakkoofsa 3), dhumarra sarara gadee kaa'uun (lakkoofsa 4) walqabsiisuun gabatee gurraacha irratti agarsiisuufi shaakalsiisuu

- 📖 Barattoonni qubeewwan xixiqqaa m-p addaan baafachuufi bocuu danda'uu isaanii ilaaluun deeggarsa barbaachisaa kennuu

**Gilgaala 5 Qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa firoomsuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa addaan nibaasu**

**Gahee Barsiisaa**

- Qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa dabtara barattootaa irratti kennuudhaan fakkeenya kenname bu'uura godhachuun walitti firoomsuu shaakalsiisuu

**Gilgaala 6 Qubeewwan tartiibessuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni qubeewwan gurguddaa fi xixiqqaa M, m,-P, p nitartiibessu**

**Gahee Barsiisaa**

- Qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa tartiibni isaanii walmakee jiru dabtara barattootaa irratti adda addatti kennuudhaan tartiibessuu shaakalsiisuu

**Gilgaala 7 Qubee maqaan fakkii ittiin jalqabamu jechaa keessatti dubbisuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni jechoota qubeewwan m-p eegalan adda nibaasu**

**Gahee Barsiisaa**

- Barattoonni fakkiilee kitaaba barataa irratti kennaman akka ilaalan taasisuu
- Jechoota kitaaba barataa irratti fakkiilee jalatti kennaman akka ilaalan taasisuu
- Jechi fakkii jala jiru qubee maaliin akka eegale akka adda baafatan taasisuu

**Gilgaala 8 Jecha irra deddeebi'uun barreessuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni jechoota qubeewwan m-p eegalan irra deddeebi'uun nibarreessu**

**Gahee Barsiisaa**

- 🕮 Jechoota kitaaba baratataa irratti kennaman filaash kaardii fayyadamuun barattootatti agarsiisuu
- 🕮 Jechoota filaash kaardiin dhihaatan itti agarsiisuun qubee isaan ittiin eegalan akka adda baafatan mirkaneeffachuu
- 🕮 Jechoota qubee m, n, o, p eegalan kitaaba ofii irraa ilaallataa dabtara isaanii irratti garagalfatanii bakka duwwaa kenname irratti si'a sadii sadii irra deddeebi'anii akka shaakalan taasisuu

☞ Barattoonni qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa M, m, N, n, O, o, P, p addaan baafachuufi bocuu danda'uuisaanii madaaluun mirkaneeffachuu

## Barannoo 8 Irra Deebii Qubeewwan A-P (Waytii 7)

**Kaayyoo Gooree:**

**Barnoota barannoo kanaa keessatti barattoonni:**

- 🕮 Qubeewwaan Afaan Oromoo gurguddaa A-P adda nibaafatu;
- 🕮 Qubeewwaan Afaan Oromoo xixiqqaa a-p adda nibaafatu;
- 🕮 Jechoota qubeewwan a-p eegalan fakkiitti nifiroomsuu;
- 🕮 Jechoota qubeewwan a-p eegalan irra deddeebi'uun nibarreessu

### Gilgaala 1 Qubeewwan walitti firoomsuu

**Gilgaala kana keessatti barattoonni qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa A, a-P, p addaan nibaasu**

### Gahee Barsiisaa

- 🕮 Qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa a-p dabtara barattootaa irratti kennuudhaan fakkeenya kenname bu'uura godhachuun walitti firoomsuu shaakalsiisuu

### Gilgaala 2 Qubeewwan tartiibessuu

**Gilgaala kana keessatti barattoonni qubeewwan gurguddaa A-P nitartiibessu**

### Gahee Barsiisaa

- 🕮 Qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa a-p tartiibni isaanii walmakee jiru dabtara barattootaa irratti adda addatti kennuudhaan tartiibessuu shaakalsiisuu

**Gilgaala 3 Qubee maqaan fakkii ittiin jalqabamu jechaa keessatti dubbisuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni jechoota qubeewwan a-p eegalan adda nibaasu**

**Gahee Barsiisaa**

- 🕮 Barattoonni fakkiilee kitaaba barataa irratti kennaman akka ilaalan taasisuu
- 🕮 Jechoota kitaaba barataa irratti fakkiilee jalatti kennaman akka ilaalan taasisuu
- 🕮 Jechi fakkii jala jiru qubee maaliin akka eegale akka adda baafatan taasisuu

**Gilgaala 4 Jecha irra deddeebi'uun barreessuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni jechoota qubeewwan a-p eegalan irra deddeebi'anii barreessuu shaakaluu**

**Gahee Barsiisaa**

- 🕮 Jechoota kitaaba barataa irratti kennaman filaash kaardii fayyadamuun barattootatti agarsiisuu
- 🕮 Jechoota filaash kaardiin dhihaatan barattoonni qubee ittiin eegalan irratti hundaa'uun adda baafachuu isaanii mirkaneeffachuu
- 🕮 Jechoota qubee a, b, c, d, e, f, g, h, i, j, k, l, m, n, o, p eegalan kitaaba ofii irraa ilaallataa dabtara isaanii irratti garagalfatanii bakka duwwaa kenname irratti si'a sadii sadii irra deddeebi'anii akka shaakalan taasisuu

☞ Barattoonni qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa A, a, B, b, C, c, D, d, E, e, F, f, G, g, H, h, I, i, J, j, K, k, L, l, M, m, N, O, o, P, p addaan baafachuufi bocuu danda'uu isaanii madaaluun mirkaneeffachuu

**Barannoo 9 Qubeewwan Q, R, S, T (Waytii 10)**

**Kaayyoo Gooree:**

**Barnoota barannoo kanaa keessatti barattoonni:**

- 🕮 Qubeewwan Afaan Oromoo gurguddaa Q, R, S, T adda nibaafatu;
- 🕮 Qubeewwan Afaan Oromoo xixiqqaa q, r, s, t adda nibaafatu;
- 🕮 Qubeewwan Afaan Oromoo gurguddaafi xixiqqaa Q, q, R, r, S, s, T, t nitartiibessu.

**Gilgaala 1 Qubeewwan gurguddaa addaan baasuuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni maqaa qubeewwan gurguddaa Q-T adda nibaasu**

**Gahee Barsiisaa**

- 🕮 Dura qubeewwan Q-T tartiibaan gabatee gurraacha irratti barreessuu
- 🕮 Tokkoon tokkoo qubeewwan Q-T erga barreessiteen booda wantoota naannoo isaaniitti argaman keessaa maal akka fakkaatu barattoota gaafachuu yookaan ofii mallattoo adda addaa agarsiisuun akka qubee adda baafatan gochuu
- 🕮 Maqaa qubeewwan Q-T itti himuu
- 🕮 Maqaa qubeewwan Q-T tokko tokkoon gabatee gurraacha irraa barattoota gaafachuufi deeggaruu
- 🕮 Kanatti aansuun, filaash kaardii qubeewwan Q-T qaban tokko tokkoon itti agarsiisuun adda baafachuu isaanii mirkaneeffachuu


**Gilgaala 2 Qubeewwan gurguddaa Q, R, S, T bocuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni qubeewwan gurguddaa Q-T nibocu**

**Gahee Barsiisaa**

Qubeewwan Q-T kitaaba barataarra jiruufi lakkoofsa akkaataa ittiin barreessan agarsiisuuf qubeerratti xiyyaan mul'atu agarsiisuu

Sararoota tuttuqaa kennaman irra deebisuun qubeewwan Afaan Oromoo gurguddaa bocuu shaakalsiisuu: Fakkeenya:




Qubeen 'T' sarara gadeen jalqabamee (lakkoofsa 1), sarara dalgeen gubbaatti sararuun (lakkoofsa 2) akka uumamu gabatee gurraacha irratti barreessuun agarsiisuu

**Gilgaala 3 Qubeewwan xixiqqaa q, r, s, t addaan baasuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni qubeewwan xixiqqaa q-t adda nibaafatu**

**Gahee Barsiisaa**

- 🕮 Dura qubeewwan q, r, s, t tartiibaan gabatee gurraacha irratti barreessuu
- 🕮 Tokko tokkoon qubeewwan q-t erga barreessiteen booda wantoota naannoo isaaniitti argaman keessaa maal akka fakkaatu barattoota gaafachuu.
- 🕮 Maqaa qubeewwan xixiqqaa q-t itti himuu
- 🕮 Maqaa qubeewwan xixiqqaa q-t tokko tokkoon gabatee gurraacha irraa barattoota gaafachuufi deeggaruu

- 🕮 Kanatti aansuun, filaash kaardii qubeewwan xixiqqaa q-t qaban tokko tokkoon itti agarsiisuun adda baafachuu isaanii mirkaneeffachuu

**Gilgaala 4 Qubeewwan xixiqqaa q, r, s, t bocuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni qubeewwan xixiqqaa q-t nibocu**

**Gahee Barsiisaa**

- 🕮 Qubeewwan q-t kitaaba barataarra jiruufi lakkoofsa akkaataa ittiin barreessan agarsiisuuf qubeerratti xiyyaan mul'atu agarsiisuu
- 🕮 Sararoota tuttuqaa kennaman irra deebisuun qubeewwan xixiqqaa q-t bocuu shaakalsiisuu:
- 🕮 Barattoonni qubeewwan xixiqqaa q-t addaan baafachuufi bocuu danda'uu isaanii ilaaluun deeggarsa barbaachisaa kennuu

**Gilgaala 5 Qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa firoomsuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa Q, q-T, t addaan nibaasu**

**Gahee Barsiisaa**

- 🕮 Qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa dabtara barattootaa irratti kennuudhaan fakkeenya kenname bu'uura godhachuun walitti firoomsuu shaakalsiisuu

**Gilgaala 6 Qubeewwan tartiibessuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa Q, q-T, t nitartiibessu**

**Gahee Barsiisaa**

- Qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa tartiibni isaanii walmakee jiru dabtara barattootaa irratti adda addatti kennuudhaan tartiibessuu shaakalsiisuu

**Gilgaala 7 Qubee maqaan fakkii ittiin jalqabamu jechaa keessatti dubbisuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni jechoota qubeewwan q-t eegalan adda nibaasu**

**Gahee Barsiisaa**

- Barattoonni fakkiilee kitaaba barataa irratti kennaman akka ilaalan taasisuu
- Jechoota kitaaba barataa irratti fakkiilee jalatti kennaman akka ilaalan taasisuu
- Jechi fakkii jala jiru qubee maaliin akka eegale akka adda baafatan taasisuu

**Gilgaala 8 Jecha irra deddeebi'uun barreessuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni jechoota qubeewwan q-t eegalan irra deddeebi'uun nibarreessu**

**Gahee Barsiisaa**

- 🕮 Jechoota kitaaba baratea irratti kennaman filaash kaardii fayyadamuun barattootatti agarsiisuu
- 🕮 Jechoota filaash kaardiin dhihaatan itti agarsiisuun qubee isaan ittiin eegalan akka adda baafatan mirkaneeffachuu
- 🕮 Jechoota qubee q, r, s, t eegalan kitaaba ofii irraa ilaallataa dabtara isaanii irratti garagalfatanii bakka duwwaa kenname irratti si'a sadii sadii irra deddeebi'anii akka shaakalan taasisuu

☞ Barattoonni qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa Q, q, R, r, S, s, T, t addaan baafachuufi bocuu danda'uu isaanii madaaluun mirkaneeffachuu

**Barannoo 10 Irra Deebii Qubeewwan A-T (Waytii 10)**

**Kaayyoo Gooree:**

**Barnoota barannoo kanaa keessatti barattoonni:**

- 🕮 Qubeewwaan Afaan Oromoo gurguddaa A-T adda nibaafatu;
- 🕮 Qubeewwaan Afaan Oromoo xixiqqaa a-t adda nibaafatu;
- 🕮 Jechoota qubeewwan a-t eegalan fakkiitti nifiroomsuu;
- 🕮 Jechoota qubeewwan a-t eegalan irra deddeebi'uun nibarreessu

**Gilgaala 1 Qubee guddaa xiqqaa isaa barreessuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni maqaa qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa A, a-T, t addaan nibaasu**

**Gahee Barsiisaa**

- 🕮 Qubeewwan gurguddaa A-T kitaaba barataa irratti kennaman xiqqaa isaa barreessuu shaakalsiisuu

**Gilgaala 2 Qubeewwan tartiibessuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni maqaa qubeewwan gurguddaa A-T nitartiibessu**

**Gahee Barsiisaa**

- 🕮 Qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa a-t tartiibni isaanii walmakee jiru dabtara barattootaa irratti adda addatti kennuudhaan tartiibessuu shaakalsiisuu

**Gilgaala 3 Qubee maqaan fakkii ittiin jalqabamu jechaa keessatti dubbisuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni jechoota qubeewwan a-t eegalan adda nibaasu**

**Gahee Barsiisaa**

- Barattoonni fakkiilee kitaaba barataa irratti kennaman akka ilaalan taasisuu
- Jechoota kitaaba barataa irratti fakkiilee jalatti kennaman akka ilaalan taasisuu
- Jechi fakkii jala jiru qubee maaliin akka eegale akka adda baafatan taasisuu

**Gilgaala 4 Jecha irra deddeebi'uun barreessuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni jechoota qubeewwan a-t eegalan irra deddeebi'anii barreessuu shaakaluu**

**Gahee Barsiisaa**

- Jechoota kitaaba barataa irratti kennaman filaash kaardii fayyadamuun barattootatti agarsiisuu
- Jechoota filaash kaardiin dhihaatan barattoonni qubee ittiin eegalan irratti hundaa'uun adda baafachuu isaanii mirkaneeffachuu
- Jechoota qubee a, b, c, d, e, f, g, h, i, j, k, l, m, n, o, p, q, r, s, t eegalan kitaaba ofii irraa ilaallataa dabtara isaanii irratti garagalfatanii bakka duwwaa kenname irratti si'a sadii sadii irra deddeebi'anii akka shaakalan taasisuu

☞ Barattoonni qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa A, a, B, b, C, c, D, d, E, e, F, f, G, g, H, h, I, i, J, j, K, k, L, l, M, m, N, O, o, P, p, Q, q, R, r, S, s, T, t addaan baafachuufi bocuu danda'uu isaanii madaaluun mirkaneeffachuu

**Barannoo 11 Qubeewwan U, V, W, X, Y, Z (Waytii 10)**

**Kaayyoo Gooree:**

**Barnoota barannoo kanaa keessatti barattoonni:**

- 🕮 Qubeewwan Afaan Oromoo gurguddaa U, V, W, X, Y, Z adda nibaafatu;
- 🕮 Qubeewwan Afaan Oromoo xixiqqaa u, v, w, x, y, z adda nibaafatu;
- 🕮 Qubeewwan Afaan Oromoo U, u, V, v, W, w, X, x, Y, y, Z, z nitartiibessu.


**Gilgaala 1 Qubeewwan gurguddaa addaan baasuuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni maqaa qubeewwan gurguddaa U-Z adda nibaafatu**

**Gahee Barsiisaa**

- 🕮 Dura qubeewwan U-Z tartiibaan gabatee gurraacha irratti barreessuu
- 🕮 Tokkoon tokkoo qubeewwan U-Z erga barreessiteen booda wantoota naannoo isaaniitti argaman keessaa maal akka fakkaatu barattoota gaafachuu.

Fakkeenya:



- ✓ U Burcuqqoo fakkaatti jechuun walbira qabuun itti himuun akka adda baafatan taasisuu

- 🕮 Maqaa qubeewwan U-Z itti himuu
- 🕮 Maqaa qubeewwan U-Z tokko tokkoon gabatee gurraacha irraa barattoota gaafachuufi deeggaruu
- 🕮 Kanatti aansuun, filaash kaardii qubeewwan U-Z qaban tokko tokkoon itti agarsiisuun adda baafachuu isaanii mirkaneeffachuu

**Gilgaala 2 Qubeewwan gurguddaa U, V, W, X, Y, Z bocuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni qubeewwan gurguddaa U-Z nibocu**

**Gahee Barsiisaa**

- 🕮 Qubeewwan U-Z kitaaba barataarra jiruufi lakkoofsa akkaataa ittiin barreessan agarsiisuuf qubeerratti xiyyaan mul'atu agarsiisuu
- 🕮 Sararoota tuttuqaa kennaman irra deebisuun qubeewwan gurguddaa bocuu shaakalsiisuu: Fakkeenya:
- 🕮 Qubeen 'X' sarara shaffaaxa bitaa (lakkoofsa 1) fi shaffaaxa mirgaa (lakkoofsa 2) walirra qaxxaamursuun sararuudhaan, gabatee gurraacha irratti barreessuun agarsiisuu

**Gilgaala 3 Qubeewwan xixiqqaa u, v, w, x, y, z addaan baasuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni qubeewwan xixiqqaa u-z adda nibaafatu**

**Gahee Barsiisaa**

- 🕮 Dura qubeewwan u, v, w, x, y, z tartiibaan gabatee gurraacha irratti barreessuu

- 🕮 Tokko tokkoon qubeewwan u, v, w, x, y, z barreessiteen booda wantoota naannoo isaaniitti argaman keessaa maal akka fakkaatu barattoota gaafachuu. Fakkeenya:
  - ✓ Qubee u Burcuqqoo bishaanii fakkaachuu isii
- 🕮 Maqaa qubeewwan xixiqqaa u-z itti himuu
- 🕮 Maqaa qubeewwan xixiqqaa u-z tokko tokkoon gabatee gurraacha irraa barattoota gaafachuufi deeggaruu
- 🕮 Kanatti aansuun, filaash kaardii qubeewwan xixiqqaa u-z qaban tokko tokkoon itti agarsiisuun adda baafachuu isaanii mirkaneeffachuu

**Gilgaala 4 Qubeewwan xixiqqaa u, v, w, x, y, z bocuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni qubeewwan xixiqqaa u-z nibocu**

**Gahee Barsiisaa**

- 🕮 Qubeewwan u-z kitaaba barataarra jiruufi lakkoofsa akkaataa ittiin barreessan agarsiisuuf qubeerratti xiyyaan mul'atu agarsiisuu
- 🕮 Sararoota tuttuqaa kennaman irra deebisuun qubeewwan xixiqqaa u-z bocuu shaakalsiisuu:

  Fakkeenya:

  Qubeen X sarara shaffaaxa bitaa tokkoo (lakkoofsa 1) fi shaffaaxa mirgaa tokko (lakkoofsa 2) walirra qaxxaamursuun sararuudhaan, gabatee gurraacha irratti barreessuun agarsiisuu
- 🕮 Barattoonni qubeewwan xixiqqaa u-z addaan baafachuufi bocuu danda'uu isaanii ilaaluun deeggarsa barbaachisaa kennuu

**Gilgaala 5 Qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa firoomsuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa U, u-Z, z addaan nibaasu**

**Gahee Barsiisaa**

- Qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa dabtara barattootaa irratti kennuudhaan fakkeenya kenname bu'uura godhachuun walitti firoomsuu shaakalsiisuu

**Gilgaala 6 Qubeewwan tartiibessuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa U, u-Z, z nitartiibessu**

**Gahee Barsiisaa**

- Qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa tartiibni isaanii walmakee jiru dabtara barattootaa irratti adda addatti kennuudhaan tartiibessuu shaakalsiisuu

**Gilgaala 7 Qubee maqaan fakkii ittiin jalqabamu jechaa keessatti dubbisuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni jechoota qubeewwan u-z eegalan adda nibaasu**

**Gahee Barsiisaa**

- Barattoonni fakkiilee kitaaba barataa irratti kennaman akka ilaalan taasisuu

- 🕮 Jechoota kitaaba barataa irratti fakkiilee jalatti kennaman akka ilaalan taasisuu
- 🕮 Jechi fakkii jala jiru qubee maaliin akka eegale akka adda baafatan taasisuu

**Gilgaala 8 Jecha irra deddeebi'uun barreessuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni jechoota qubeewwan u-z eegalan irra deddeebi'uun nibarreessu**

**Gahee Barsiisaa**

- 🕮 Jechoota kitaaba barataa irratti kennaman filaash kaardii fayyadamuun barattootatti agarsiisuu
- 🕮 Jechoota filaash kaardiin dhihaatan itti agarsiisuun qubee isaan ittiin eegalan akka adda baafatan mirkaneeffachuu
- 🕮 Jechoota qubee u, v, w, x, y, z eegalan kitaaba ofii irraa ilaallataa dabtara isaanii irratti garagalfatanii bakka duwwaa kenname irratti si'a sadii sadii irra deddeebi'anii akka shaakalan taasisuu

☞ Barattoonni qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa U, u, V, v, W, w, X, x, Y, y, Z, z addaan baafachuufi bocuu danda'uu isaanii madaaluun mirkaneeffachuu

# *Semisteera Lammaffaa*

**Barannoo 12 Irra Deebii Qubeewwan A-Z (Waytii 10)**

**Kaayyoo Gooree:**

**Barnoota barannoo kanaa keessatti barattoonni:**

- 🕮 Qubeewwaan Afaan Oromoo gurguddaa A-Z adda nibaafatu;
- 🕮 Qubeewwaan Afaan Oromoo xixiqqaa a-z adda nibaafatu;
- 🕮 Jechoota qubeewwan a-z eegalan fakkiitti nifiroomsuu;
- 🕮 Jechoota qubeewwan a-z eegalan irra deddeebi'uun nibarreessu

**Gilgaala 1 Qubeewwan walitti firoomsuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa A, a-Z, z addaan nibaasu**

**Gahee Barsiisaa**

- 🕮 Qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa A, a-Z, z dabtara barattootaa irratti kennuudhaan fakkeenya kenname bu'uura godhachuun walitti firoomsuu shaakalsiisuu

**Gilgaala 2 Qubeewwan tartiibessuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni qubeewwan gurguddaa A-Z nitartiibessu**

**Gahee Barsiisaa**

- 🕮 Qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa A, a-Z, z tartiibni isaanii walmakee jiru dabtara barattootaa irratti adda addatti kennuudhaan tartiibessuu shaakalsiisuu

**Gilgaala 3 Qubee maqaan fakkii ittiin jalqabamu jechaa keessatti dubbisuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni jechoota qubeewwan a-z eegalan adda nibaasu**

**Gahee Barsiisaa**

- 🕮 Barattoonni fakkiilee kitaaba barataa irratti kennaman akka ilaalan taasisuu
- 🕮 Jechoota kitaaba barataa irratti fakkiilee jalatti kennaman akka ilaalan taasisuu
- 🕮 Jechi fakkii jala jiru qubee maaliin akka eegale akka adda baafatan taasisuu

**Gilgaala 4 Jecha irra deddeebi'ii barreessuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni jechoota qubeewwan a-z eegalan irra deddeebi'anii barreessuu shaakaluu**

**Gahee Barsiisaa**

- 🕮 Jechoota kitaaba barataa irratti kennaman filaash kaardii fayyadamuun barattootatti agarsiisuu
- 🕮 Jechoota filaash kaardiin dhihaatan barattoonni qubee ittiin eegalan irratti hundaa'uun adda baafachuu isaanii mirkaneeffachuu
- 🕮 Jechoota qubee a, b, c, d, e, f, g, h, i, j, k, l, m, n, o, p, q, r, s, t, u, v, w, x, y, z eegalan kitaaba ofii irraa ilaallataa dabtara isaanii irratti garagalfatanii bakka duwwaa kenname irratti si'a sadii sadii irra deddeebi'anii akka shaakalan taasisuu

☞ Barattoonni qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa A, a, B, b, C, c, D, d, E, e, F, f, G, g, H, h, I, i, J, j, K, k, L, l, M, m, N, O, o, P, p, Q, q, R, r, S, s, T, t, U, u, V, v, W, w, X, x, Y, y, Z, z addaan baafachuufi bocuu danda'uu isaanii madaaluun mirkaneeffachuu

**Barannoo 13 Qubeewwan Ch, DH, NY, PH, SH, TS, ZY (Waytii 7)**

**Kaayyoo Gooree:**

**Barnoota barannoo kanaa keessatti**

- Qubeewwan Afaan Oromoo gurguddaa CH, DH, NY, PH, SH, TS, ZY adda nibaafatu;
- Qubeewwan Afaan Oromoo xixiqqaa ch, dh, ny, ph, sh, ts, zy adda nib
- Qubeewwan Afaan Oromoo CH, ch, DH, dh, NY, ny, PH, ph, SH, sh, ZY, zy nitartiibessu.

**Gilgaala 1 Qubeewwan dachaa gurguddaa addaan baasuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni qubeewwan dachAa gurguddaa adda ni baasu**

**Gahee Barsiisaa**

- Dura qubeewwan CH-ZY tartiibaan gabatee gurraacha irratti barreessuu
- Maqaa qubeewwan CH-ZY itti himuu
- Maqaa qubeewwan CH-ZY tokko tokkoon gabatee gurraacha irraa barattoota gaafachuufi deeggaruu
- Kanatti aansuun, filaash kaardii qubeewwan CH-ZY qaban tokko tokkoon itti agarsiisuun adda baafachuu isaanii mirkaneeffachuu

**Gilgaala 2 Qubeewwan dachaa xixiqqaa ch, dh, ny, ph, sh, ts, zy addaan baasuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonn qubeewwan dachaa xixiqqaa ch, dh, ny, ph, sh, ts, zy adda nibaafatu**

**Gahee Barsiisaa**

- Dura qubeewwan ch, dh, ny, ph, sh, ts, zy tartiibaan gabatee gurraacha irratti barreessuu
- Maqaa qubeewwan xixiqqaa ch-zy itti himuu
- Maqaa qubeewwan xixiqqaa ch-zy tokko tokkoon gabatee gurraacha irraa barattoota gaafachuufi deeggaruu
- Kanatti aansuun, filaash kaardii qubeewwan xixiqqaa ch-zy qaban tokko tokkoon itti agarsiisuun adda baafachuu isaanii mirkaneeffachuu

**Gilgaala 3 Qubeewwan dachaa gurguddaafi xixiqqaa firoomsuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni qubeewwan dachaa gurguddaafi xixiqqaa CH, ch, DH, dh, NY, ny, PH, ph, SH, sh, TS, ts, ZY, zy addaan nibaasu**

**Gahee Barsiisaa**

- Qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa dabtara barattootaa irratti kennuudhaan fakkeenya kenname bu'uura godhachuun walitti firoomsuu shaakalsiisuu

**Gilgaala 4 Jechaafi fakkii dubbisuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni jechoota qubeewwan dachaa ch, dh, ny, sh, ts, ph, zy eegalan adda nibaasu**

**Gahee Barsiisaa**

- Barattoonni fakkiilee kitaaba barataa irratti kennaman akka ilaalan taasisuu
- Jechoota kitaaba barataa irratti fakkiilee jalatti kennaman akka ilaalan taasisuu
- Jechi fakkii jala jiru qubee maaliin akka eegale akka adda baafatan taasisuu

**Gilgaala 5 Jecha irra deddeebi'uun barreessuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni jechoota qubeewwan dachaa ch, dh, ny, ph, sh, ts, zy eegalan irra deddeebi'uun ni barreessu**

**Gahee Barsiisaa**

- Jechoota kitaaba barataa irratti kennaman filaash kaardii fayyadamuun barattootatti agarsiisuu
- Jechoota filaash kaardiin dhihaatan barattoonni qubee ittiin eegalan irratti hundaa'uun adda baafachuu isaanii mirkaneeffachuu
- Jechoota qubee ch, dh, ny, ph, sh, ts, zy eegalan kitaaba ofii irraa ilaallataa dabtara isaanii irratti garagalfatanii bakka duwwaa kenname irratti si'a sadii sadii irra deddeebi'anii akka shaakalan taasisuu

☞ Barattoonni qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa CH, ch, DH, dh, NY, ny, PH, ph, SH, sh, ZY, zy addaan baafachuufi bocuu danda'uu isaanii madaaluun mirkaneeffachuu

**Barannoo 14 Jechoota Dubbisuu** (Waytii 8)

**Kaayyoo Gooree**

**Barnoota barannoo kanaa keessatti barattoonni:**

- Jechoota qaama namaa nidubbisu;
- Jechoota qaama namaa irra deddeebiin nibarreessu
- Jechoota keessaa qubee hafe guutanii nibarreessu;
- Qubeewwan walkeessa makaman sirreessuun jecha nibarreessu
- Maqaa fakkii kennamee nibarreessu;

**Gilgaala 1 Maqaafi fakkii qaama namaa dubbisuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni jechoota maqaa qaama namaa nidubbisu**

**Gahee barsiisaa**

- Filaash kaardii fakkii qaama namaafi jechoota isaan bakka bu'an wal bira qabuun isa kitaaba isaanii irratti kenname akka dabtara isaanii irratti walitti firoomsan taasisuu

**Gilgaala 2 Jechoota irra deddeebi'uun barreessuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni jechoota irra deddeebi'uun nibarreessu**

**Gahee barsiisaa**

- Jechoota kitaaba irratti kennamaniif haaluma fakkeenya kennameen akka barattoonni irra deddeebi'anii barreessuun akka shaakalan taasisuu
- Jechoota biroos fakkeenya kennuufiin akka manatti shaakalan taasisuu

**Gilgaala 3 Qubeewwan jechoota keessaa hanqatan guutuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni qubeewwan jechoota keessaa hanqatan guutuun nibarreessu**

**Gahee barsiisaa**

- Jechoota qubeen keessaa hanqate kitaaba barataa irraa itti agarsiisuun qubee keessaa hanqate akka guutanii dabtara irratti akka barreessan taasisuu
- Haaluma walfakkaatuun jechoota biros kennaniifi manatti akka shaakalan qajeelchuu

**Deebii gilgaala 3** funyaan gurra ija harka miila

**Gilgaala 4: Qubeewwan tartiibessuun jecha barreessuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni qubeewwan walkeessa makaman sirreessuun jecha nibarreessu**

**Gahee barsiisaa**

- Barattoonni qubeewwan walmakuun dhihaatan sirreessanii dabtara isaanii irratti akka barreessan shaakalsiisuu
- Qubeewwan biroo walkeessa makanii hiriyoota isaanii waliin akka shaakalan qajeelchuu

**Deebii gilgaala 4** ija harka miila gurra funyaan arraba

**Gilgaala 5 Maqaa fakkii qaama namaa barreessuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni jechoota maqaa qaama namaa ibsan ni barreessu**

**Gahee barsiisaa**

- 🕮 Barattoonni fakkiilee qaama namaa dhihaatan ilaalanii maqaa fakkii haaluma fakkeenya kennameen dabtara isaanii irratti akka barreessan shaakalsiisuu.
- 🕮 Daree keessatti jechoota biroo kanneen qaama namaa ibsan akka gareen mari'atanii barreessaa shaakalan taasisuu

**<u>Deebii gilgaala 5</u>** gurra harka ija miila funyaan

**Gilgaala 6 Jechoota qaamaa tajaajila isaaniitti firoomsuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni jechoota qaama namaa faayidaa isaatti nifiroomsu**

- 🕮 Barattoonni jechoota maqaa qaama namaa dabtara isaanii irratti tajaajila isaanii waliin akka walitti firoomsan shaakalsiisuu

**<u>Deebii gilgaala 6</u>** miilaan deemuu, ijaan ilaaluu, harkaan qaqqabuu, funyaaniin fuunfachuu, arrabaan dhandhamuu

☞ Barattoonni jechoota qaama namaa ibsan barreessuu danda'uu isaanii madaaluun mirkaneeffachuu

**Barannoo 15 Meeshaalee Mana Barnootaa (Waytii 10)**

**Kaayyoo Gooree**

**Barnoota barannoo kanaa keessatti barattoonni:**

- Fakkii ilaalanii ibsa isaaniitti nifiroomsu;
- Jechoota waliin deeman addaan nibaafatu;
- Jechoota kennaman irra deddeebi'uun nibarreessu;
- Baratattoonni qubeewwan jechoota keessaa hafan nibarreessu
- Sagalee gaaleewwan keessaa hafan niguutu

**Gilgaala 1 Jechoota cimdii fakkiitti firoomsuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni jechoota cimdiifi fakkii walitti nifiroomsu**

**Gahee barsiisaa**

- Filaash kaardii maqaa halluuwwaniifi fakkiilee meeshaalee mana barnootaa itti agarsiisuun isa kitaaba isaanii irratti kenname akka dabtara isaanii irratti walitti firoomsan taasisuu

**Gilgaala 2 Jechoota waliin deeman firoomsuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni jechoota waliin deeman addaan nibaasu**

**Gahee barsiisaa**

- Filaash kaardii irratti jechoota itti agarsiisuun isa kitaaba isaanii irratti kenname akka addaan baasan shaakalsiisuu

**<u>Deebii gilgaala 2</u>** gabatee gurraacha, qalama diimaa, boronqii adii, teessoo daalacha

**Gilgaala 3 Jechootaa irra deddeebi'uun barreessuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni jechoota irra deddeebi'anii nibarreessuu**

**Gahee barsiisaa**

- Jechoota kitaabarra jiru akka barattoonni dabtara isaanii irratti irra deddeebi'uun barreessan shaakalsiisuu

**Deebii gilgaala 3** boronqii adii boronqii adii

**Gilgaala 4 Qubeewwan jechoota keessaa hanqate guutuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni qubeewwan jechoota keessaa hafan niguutu**

**Gahee barsiisaa**

- Qubeewwan jechoota keessaa hanqatan barattoonni akka guutan shaakalsiisuu

**Deebii gilgaala 4** **adii, qalama, boronqii, teessoo, gabatee**

**Gilgaala 5 Qubeewwan gaalee keessaa hafan guutuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni qubeewwan gaaleewwan keessaa hafan niguutu**

**Gahee barsiisaa**

- Qubeewwan gaaleewwan keessaa hafan barattoonni akka guutan shaakalsiisuu

**Deebii gilgaala 5 waraqaa adii, gab atee gurr aacha, qalama diima a**

**Gilgaala 6 Fakkii ilaalanii maqaa barreessuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni fakkii ilaalanii maqaa isaa nibarreessu**

**Gahee barsiisaa**

- 🕮 Barattoonni fakkii ilaalanii maqaa fakkichaa dabtara isaanii irratti akka barreessan shaakalsiisuu

**<u>Deebii gilgaala 6</u> qubeessaa, haqxuu, kitaaba**

☞ Barattoonni jechoota qaama namaa ibsan barreessuu danda'uu isaanii madaaluun mirkaneeffachuu

**Barannoo 16 Beelladota Manaa (Waytii 9)**

**Kaayyoo Gooree**

**Barnoota barannoo kanaa keessatti barattoonni:**

- **Fakkii ilaalanii ibsa isaaniitti nifiroomsu;**
- **Jechoota waliin deeman addaan inbaafatu;**
- **Jechoota kennaman irra deddeebi'uun nibarreessu;**
- **Fakkii ilaalanii jechoota nibarreessu;**

**Gilgaala 1 Bifa fakkiilee beelladoota manaa firoomsuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni fakkii ilaalanii bifa beelladota manaa addaan nibaasu**

**Gahee barsiisaa**

- Barattoonni fakkilee beelladoota manaa ilaalanii akka bifa beelladootaatti firoomsan shaakalsiisuu

**Deebii gilgaala 1 sa'a burree, farda magaala, qotiyyoo gurraacha, re'ee adii, harree daalacha**

**Gilgaala 2 Maqaa beelladootaa tajaajila isaan kennan cinatti barreessuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni maqaa beelladootaa tajaajila kennan cinatti nibarreessuu**


**Gahee barsiisaa**

- Barattoonni tajaajiloota beelladaa kennamaniif dabtara isaanii irratti maqaa beelladootaa akka barreessan shaakalsiisuu

Deebii gilgaala 2

- ☞ Geejjibaaf=farda, gaangee, harree, gaala
- ☞ Fooniif= hoolaa, re'ee, lukkuu, sa'a, sangaa, …
- ☞ Qonnaaf= sangaa, harree, farda, gaala
- ☞ Guluffiif=farda, gaangee
- ☞ Aannaniif=sa'a, gala, re'ee

**Gama birootiin, akka kitaaba barataa irra jirutti gabatee keessa yoo taa'u kan armaan gadii kana fakkaata:**



**Gilgaala 3 Jechoota waliin deeman irra deddeebi'uun barreessuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni jechoota irra deddeebi'uun ni barreessu**

**Gahee barsiisaa**

- 🕮 Barattoonni jechoota kennaman dabtara isaanii irratti akka irra deddeebi'anii barreessan shaakalsiisuu

**Fakkeenya <u>sa'a aannanii</u>, <u>sa'a aannanii</u>, <u>sa'a aannanii</u>**

**Gilgaala 4 Fakkii ilaalii ibsa barreessuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni fakkii ilaalanii ibsa isaa ni tarreessu**

**Gahee barsiisaa**

- 🕮 Barattoonni fakkii beelladootaa ilaalanii ibsa isaa dabtara isaanii irratti akka barreessuu shaakalan taasisuu

**<u>Deebii gilgaala</u> 5 harree fe'isaa, gaala ciisu, farda gulufu**

☞Barattoonni fakkiilee adda addaa isaaniif kennamu ilaalanii waan fakkichi ibsu akka addaan baafataniifi ibsa isaa barreessuu danda'uu isaanii madaaluun mirkaneeffachuu

**Barannoo 17 Himoota gaggabaaboo dubbisuu (Waytii 9)**

**Kaayyoo Gooree**

**Barnoota boqonnaa kanaa keessatti barattoonni:**

- 🕮 **Himoota gabaaboo fakkiitti nifiroomsu;**
- 🕮 **Himoota gabaaboo fakkiirratti hundaa'uun nidubbisu;**
- 🕮 **Himoota gabaaboo fakkii malee nidubbisu;**

**Gilgaala 1 Himootaafi fakkiilee walitti firoomsuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni himootaafi fakkiilee ibsaniitti ni firoomsu**

**Gahee barsiisaa**

- 🕮 Barattoonni himoota kennaman fakkiilee irratti hundaa'anii dabtara isaanii irratti akka walitti firoomsan shaakalsiisuu

**Deebii gilgaala 1 haaluma fakkeenya xiyyaan agarsiifameen akka walitti firoomsan gargaaruu**

**Gilgaala 2 Fakkiilee irratti hundaa'anii himoota dubbisuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni himoota gochaalee fakkiilee irratti hundaa'uun nidubbisu**

**Gahee barsiisaa**

- 🕮 Barattoonni himoota fakkiileerratti hundaa'anii akka dubbisan shaakalsiisuu

**Gilgaala 3 Himoota dubbisuun barreessuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni himoota kennaman dubbisanii nibarreessu**

**Gahee barsiisaa**

- 🕮 **Barattoonni himoota kennaman akka dubbisanii dabtara isaanii irratti barreessan shaakalsiisuu**

☞ Barattoonni fakkiilee adda addaa isaaniif kennamu ilaalanii waan fakkichi ibsu barreessuu danda'uu isaanii madaaluun mirkaneeffachuu

**Barannoo 18 Fakkiifi maqaa (Waytii 9)**

**Kaayyoo Gooree**

**Barnoota boqonnaa kanaa keessatti barattoonni:**

- 🕮 Fakkii ilaalanii maqaa fakkichaatti nifiroomsu;
- 🕮 Hima jalqabame ni xumuru;
- 🕮 Fakkii ilaalanii maqaa fakkichaa nibarreessu;

**Gilgaala 1 Fakkii maqaa isaatti firoomsuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni fakkii ilaalanii maqaa nifiroomsu**

**Gahee barsiisaa**

- 🕮 Barattoonni fakkiifi maqaa kitaaba irratti isaaniif kenname dabtara isaanii irratti akka walitti firoomsan shaakalsiisuu

**Deebii gilgaala 1 haaluma fakkeenya xiyyaan agarsiifameen akka walitti firoomsan taasisuu**

**Gilgaala 2 Jecha filachuun hima jalqabame xumuruu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni jecha kennameen hima niguutu**

**Gahee barsiisaa**

- 🕮 Barattoonni jechoota kenname keessaa filachuun hima jalqabame akka xumuran shaakalsiisuu

**Deebii gilgaala 2**

| | |
|---|---|
| cimaa, | bite, |
| rafe, | saffisaan, |
| uffata, | barnootaa |

**Gilgaala 3 Fakkii ilaaluun maqaa isaa filatanii barreessuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni fakkii ilaalanii maqaa isaa filachuun ni barreesu**

**Gahee barsiisaa**

- 🕮 Barattoonni fakkii ilaalanii dabtara isaanii irratti maqaa fakkichaa akka barreessan shaakalsiisuu

**<u>Deebii gilgaala 3</u>** abbaa gadaa, gaagura dammaa, kooraa fardaa, loon booranaa, uffata aadaa, meeshaalee qonnaa

☞ Barattoonni fakkii adda addaa isaaniif kennaman ilaalanii waan fakkichi ibsu akka addaan baafataniifi ibsa isaa barreessuu danda'an madaaluun mirkaneeffachuu

**Barannoo 19 Himoota barreessuu (Waytii 7)**

**Kaayyoo Gooree**

**Barnoota barannoo kanaa keessatti barattoonni:**

- Himoota gaggabaaboo hanga jechoota afurii qaban nibarreessu;
- Hima yaada hanqate qabu guutanii nibarreessu;

**Gilgaala 1 Himoota dubbisuun barreessuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni himoota kennaman dubbisuun**

**Gahee barsiisaa**

- Barattoonni himoota kennaman dubbisanii akka dabtara isaanii irratti garagalchan shaakalsiisuu

**Deebii Fakkeenyaaf,**

Barsiisaan kutaa keessa jira.

Barsiisaan kutaa keessa jira.

**Gilgaala 2 Jechoota kennaman keessaa filachuun bakka duwwaa guutuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni hima hr'ate jecha sirriin niguutu**

**Gahee barsiisaa**

- Barattoonni himoota hir'uu guutuu taasisuuf akka shaakalan taasisuu

**Deebii gilgaala 2** a) kubbaa, b) daree, b) aduu, a) sa'a b) ilkaan

Barattoonni jechoota lama lama himoota jalatti isaaniif kennaman keessaa jecha mijataa ta'e filachuun bakka duwwaa isaaniif kenname irratti guutuu danda'uu isaanii madaaluun mirkaneeffachuu

**Barannoo 20 Keeyyata dubbisuu (Waytii 10)**

**Kaayyoo Gooree**

**Barnoota boqonnaa kanaa keessatti barattoonni:**

- Keeyyata sagalee olkaasuun nidubbisu;
- Himaafi fakkii walitti nifiroomsuu;
- Hima jalqabame nigoolabu;
- Fakkii kenname hima barreessuun ibsu;

**Gilgaala 1 Keeyyata dubbisuun gaaffilee barreessuun deebisuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni keeyyatta sagalee ol kaasanii nidubbisu**

**Gahee barsiisaa**

- Barattoonni keeyyata dhiyaateef sagalee ol kaasanii akka dubbisan skaakalsiisuu

**Deebii gilgaala 1**

1. waa'ee Bilisee
2. b) soba
3. harkashee saamunaan dhiqatti
4. harkashee saamunaan dhiqachuu, dhiqattee ciree nyaachuu, yeroon mana barumsaa deemuu

**Gilgaala 2 Himootaafi fakkii firoomsuu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni himootaafi fakkiilee nifiroomsu**

**Gahee barsiisaa**

- Barattoonni himoota kennaman fakkiilee irratti hundaa'anii dabtara isaanii irratt akka walitti firoomsan shaakalsiisuu

**Gilgaala 3 Hima jalqabame yaada dubbisa keessaatiin xumuruu**

**Gilgaala kana keessatti barattoonni hima jalqabame yaada dubbisa keessaatiin xumuruu**

**Gahee barsiisaa**

- Barattoonni himoota hir'uu yaada dubbisa keessaa argataniin dabtara isaanii irratti akka guutan taasisuu

**Deebii gilgaala 3 hirribaa, saamunaan, ciree, yeroon**

☞ Barattoonni jechoota dubbisa keessatti kennaman keessaa jecha mijataa ta'e filachuun bakka duwwaa isaaniif kenname irratti guutuu danda'uu isaanii madaaluun mirkaneeffachuu